Laaffisaa hin jabeessinaa, gammachiisaa hin baqachiisinaa

Anas ibnu Maalik irraa odeeffame -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu ni jedhan: «Laaffisaa hin jabeessinaa, gammachiisaa hin baqachiisinaa».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhimmoota diinii fi duuniyaa hunda keessatti namootatti laaffisuu, isaanitti salphisuu fi isaanitti jabeessuu dhabuutti ajajani, sun immoo daangaa waan Rabbiin eeyyamee karaa godhe keessatti. akkasuma toltuun isaan gammachiisuu fi isa irraa isaan ari'uu dhiisuutti kakaasani.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/5866